

Communications Department

Damee Quunamtti

301M City Hall

350 South 5th Street

Minneapolis, MN 55415-1300



Minneapolis 311 Gaffii fi Deebii

311 Maali?

Lakoofssi 311 lakoofssa Minneapolis salphaa qabee saddi, ka qubattooni, daldaali, fi dawaatooni Magalaa bilbiluun gaffi fi dhimma gargaarssaa, rakkina galmeesuu, dhimma qaban jala bu'uf, ykn odeeefanno argaachuf kan bilbilanidha. Lakoofssa Magala ka 200 oli ka qabee torbaa sakatta'uu irra, ummanni ka beekuu qabuu lakoofssa 311 qoffa. Odeeefanno akka sa'a Library irraa qabee, hanga eessatti akka sagalee keennan, saree tikka maale deemtu gabaasuu, fi dhimma hedduuf, hojatooni 311 gargaaruuf qophee.

Yoom Hujjii Irraa Ola?

Lakoofssi 311 kun ka hujjii eegale Amajjii 4, 2006 ti. Hojatoonni sa'a 7:00wd irraa hamma 11:00wb ti tajajiila keenu.

Eenyuutu 311 Bilbiluu Danda'a?

Nami Magalla Minneapolis keessa jiru hunddi 3-1-1 tolaan bilbilu danda'a (ta'u iyyuu bilbilli harkkaa fi bilbilli kaffaltti ni kaffalchiisa)

Dhimma Maalif 311 Uumame?

Lakoofssi 311 kan ummameef imammata mootummaan Magalaa Minneapolis qabuu kan haala salphaa fi dhammadamaan qubatootaaf, warra daldaala qaban, fi dawaatootaaf tajajiila godhaa jiru keessaa tokko.

Daangaa magaalaa irraa alaa yoon 311 waama tahe attamin godha?

Namoонни daangaa Magaalaa alaa, fayyadamtota bilbila harkaa dabalatee, tajaajilttoota 311 kan qunnaman (612) 673-3000 bilbiluu dhaan.

Bilbila Harkkaa waliin ni hojataa?

Namoонни bilbila harkkati dhimma bahan yoo Magaalaa Minneapolis keessa ykn itti dhihoo 311 bilbiluu ni danda'u.

Tajajiili kun Tolaa?

Kafalttin 311 dhimma itti bahuuf baafstu hin jiru. 311 bilbiluu keetif kafaltn ati kubbaaniyaa telephoona si kireesuuf baafstu hin jiru. Garu, yoo bilbila alaa ka mallaqaatin bilbilte tola mitti. Akkasumaas, bilbila harkka irraa yoo bilbilte, waliigalttee qabdu irratii hundaawee daqiqaa bilbilte si nyaatu ni maala.

Yooman 311 ti dhimaa bahaa, fi yooman 911 ti dhimma bahaa?

Tajaggiili 911 dhimma yeroo hatattamaa kan akka mana guubate fi badii hamaa ka battalatti akka poolisiin, waarri ibidda dhaamssu, ykn Ambulaanssiin argamuuf bilbilamu dha. Tajaggiila magaalaa dhimma biroo hundaaf, 311 bilbili.

Tajaggiila 311 kana hujjii irraa olchuuf Magaalaa horii meeqa baasisa?

Tajaggiila kana eegluuf Milliyonna \$6.3 ti baafame. Kun ka kaffalameen galii magaalaa ti fi hirpha mootumma fedaraala irraa argameeni. Tajaajilli 311 Minneapolis kun baajeta hituqu, jechuun kana guyyuu itti hojechuuf baasiin dabalamu hinjiru. (Dameeleen Magaalaa hunddi gahee isaani tajaajjiila 311kanaaf baajeta isaani ni baasuu).

Dhugumatti, magaaleen 311 qaban horii heedduu shaffisa qunnamti fi tolinssa tajaajilaa kana irraa kan ka'e akka hambifatan hubatamee jira.

Hojatooni 311 afaan biroon tajaajila kennuu danda'u?

Yoo namni tokko 311 bilbilee hojatooni Minneapolis afaan namni bilibleen sana hin dubatne tahee, namni sadaffaan ka tajaajila turjumaanaa bilbila sanatti dhufa.

Hojatooni 311 namoota gurraan hin dhageenyeeef tajaggiila kennuu ni danda'u?

Hojatooni 311 teknology hundee computaraan gargaaramun namoota guraan hin Dhageenyee waalin hasa'u fi waal-hubatuu kara TDD/TTY ni danda'u. Sa'a hujjii alaa fi torbaan dhuma irratti, tajaajila 311 teknology ofiin soso'uun namoota gurraan hin dhageenyeeef tajaajila kennuu ni danda'a. Namoota gurran hin dhageenyee TDD/TYY (612) 673-2157 bilbiloon tajaajila kana argaachu ni danda'u.